

Fira Fakkaatee dhadhaan wayaa balleessa

F. Wayyeessaa

Bitootessa 2015

Mata-duree barruu kanarraa, dubbiftootni barruu kanaa, barruun kun maalirratti akka xiyyeeffate ni hubatu jedheen abdadha. Akkuma eenyuu hubatu mata-dureen kun makmaaksa Oromoo irraay fudhatame. Hiikkaan isaallee namuufuu ifaa dha jedheen amana.

Seenaan addunyaa kan nu hubachiisu, lammiwwan biyyaa fi saba isaanii gananii diinaaf irree ta'an; kan biyyaa isaanii dhabamaaf saaxilan laakkobsaan heddu ta'uu isaanii ti. Eegaa dhugaan senaan galmeessee fuuldura keenna jiru, lammiwwan diinnatti firooman, diina irroomsanii fi abdii diinaa ta'an fi kan ammoo saba isaanitti diinooman, sabaa isaanii ganam waan haarawaa miti. Lammiwwan biyya isaanii ganam keessaa akka fakkeenyatti kan maqaan isaanii yeoo hundaa ka'u- Benedict Arnold (Ameerikaa); Phillippe Petain (Faransaay); Vidkun Quisling (Norwee) fi Wang Jingwei (Chaayna) maqaa dhawuun ni danda'ama. Seena Oromoo illee yoo ilaalle, dhuma jaarraa 19ffaa irraa jalqabee haga ammatti taatoota siyaasaa (political actors) hedduu isaanii Oromoo fi Oromiyaa gananii mootummaa Habashaatiif irree ta'an laakkobsaan hedduu dha. Sadarkaa duraatti Oromoo keessatti kan gantummaan beekkaman Goobana Daaccee fi Qadiidaa Wonaabee ti. Kan isaanii seenaa turaa dha; jaarraa tokkoo ol laakkawatee jira. Garuu, gantummaan har'a illee Oromoo irraa hin dhaabanne; bifa jijjiirataa fi bifa haarawaan itti fufee jira. Har'a, Oromoon haala kana keessa jira.

Barruu kana akka barreessu kan na onnachiise, barruullee lamaan dhiyeenna kana M. Guutuu barreessete Bilisummaa.com irratti maxxanfaman dubbisuu kiyya. Mata-dureen barruullee kanaas "Qabsoon bilisummaa Oromoo sadarkaa kam irra jira?" jedhuu fi "Qabsoon bilisummaa Oromoo eessaarraa garamitti?" kan jedhu ture. Guutuun barruullee kanneen keessatti, rakkinna qabsoo Oromoo muddatee turee fi ammallee jiru kaasee dubbiftootaaf dhiyeesse. Rakkinni qabsoo Oromoo, Oromoo keessa ta'uu isaatii fi furmaatni isaa illee, Oromoo keessatti akka ta'uu qabu Guutuun barruu isaa keessatti ifa godhee dhiyeesse. Kana kan haalamu waan jiru natti hinfakkaatu. Aniis, gama kiyyaan, rakkinnii fi furmaatni qabsoo bilisummaa Oromoo ifatti

dhaaboota, Saba fi hawaasaa Oromoo keessatti haasawamuu qabu jedha.

Jaaraa tokkoo ol caalaa Amaaran lolaa fi balaalleeffata bane; amma ammoo lolaa fi balaalleeffannaan Wayyaanee illee dabalatee jira. Haga ammaa hiikkaa hin argamsiifne. Nuy yeroo hundaa rakkinna nu keessaa dhiifnee kan alaa irraatti xiyyeeffanna. Kun womaa hiikkaa haga ammaa hin argamsiifne. Maaliif yoo jedhame, burqaan rakkinnaa, Oromoo keessa jira. Rakkinna kana furuuf xiyyeeffannaan keenya, keessa keenya ta'uu qaba. Dhaabooleen siyaasaa, dhaabooleen noolee, fi sabni ifatti rakkinna kana haasawee furatuu qaba. Barruun, M.Guutuu kanuma ifa godhe. Anillee gama kiyyaan, akka ilaalcha kiyatti, rakkoo jiruu fi ture, ifa godhuu yaala. Rakkinna jiru dhoksuun hiikkaa hin ta'u. Akka makmaakni Oromoo jedhu, "odeessaa jiruu; odeeffataa jiruu; ilmi guddisaa hindhotatu" jedhamu san, hundee rakkinna qabsoo bilisummaa Oromoo dhoksuun, haguugguun fi sobuun eessaanuu nama hin gahu. Barreessaa jiruu; dubbisaa jiruu; dubbataa jiruu; dhageeffataa jiruu rakkinna qabsoo bilisummaa Oromoo muddate yoomiyyuu taanaan saba Oromoo irraay dhokatu hin dand'au. Akuma jedhamu "Haga feete barartii; haga feete fagaattii; duuti isii lafumaa jedhan allaatii" jedhan san rakkinna turee fi jiru dhoksuuf hagamuu yoo soban, hagamuu yoo kijiban, hagamuu yoo haguuggaan gaaf tokko dhugaan gad bahuun hin oolu. Kan rakkinna osoo beeku fi ijaan argu dhoksuus, kan rakkinna uumees qixa itti gaafatamumaa qabu. Gaafa rakkinna ifa ta'ee as bahe, akka hamatti nama saaxilutu dhufa. Barruun, M. Guutuu rakkinuma turee fi jiru kana ifa godhee jira. Anillee rakkinuma kanarratti, yaada kiyya kennadhuu filadhe.

Goobana Daaccee yoo lammii isaarratti Habashaa Dulchisu

Gooban Daaccee, lammii isaa irratti duule. Diinaaf irree ta'ee, dhiiga lammii isaa dhangalaasise. Irree lammii isaa laafise; cabse. Menelik gochaa Goobanaa kanatti gammadee "Aggafaarii" jedhee shuume. Aggaafaarii Goobana Daaccee jedhamaa ture. Gaafa inni naannoo Oromiyaa heddu Habashaa jala galche, "Aggafaarii" irraay sadarkaa "Dajazmachii" jedhamutti ol hiifame; jechuun Dejazmachii Goobana Daaccee jedhame. Gaafa Oromiyaan guutumaa guututti Habashaa jalatto kuffite Goobana Daaccee sadarkaa "Ras" jedhutti ol guddifame. As irraa jalqabee Ras Goobana Daaccee jedhamuun beekkama.



Ras Goobana Daaccee

Annoolee, Calanqoo fi harmaa-harka muraa ija isaa duratti raawwatame. Irkoo Habashaa ta'uu dhaan Oromoo miliyoona shanii ol dhabamsisiise; dhumarratti Oromiyaa koloneeffachiise. Haga inni Oromiyaa koloneeffachiiseen booda, galatni Habashaa summiin isa ajjeesuu ta'e. Hama ajjeessanin booda, Siidaa isaa irratti akkana jedhanii reeffa isaa afaan Amaaraatiin faarsan:

**KaShawaa iska Suudaan yaa qannaawuu arbanyaa;
Goobanaa Abbaa Xigguu kazii aarfoo tenyaa.**

Kan hubatamuu qabu, gantootni sabaa fi biyya isaanii ganam hundinuu kophaa isaaniitii miti; hordoftoota qabu. Gantootni kunniin, dursanii lammiwwaan Saba isaanii keessaa hordoftoota horatu. Hordoftootni kunniin, gantoota wajjiin hiriira galu; gantoota waliin dhaabatu; irkoo, irree fi gargaartootan gantootaa ta'u; olola gantootaa adeemsisuu. Kana duwwaa miti, dhumarratti hordoftootni kunniinis qaama gantootaa ta'u. Bara 1991 irraa jalqabee, hamma ammatti kanumatu mul'ataa jira.

Har'a qabsoo Oromoo keessatti, taatoota siyaasaa heddu argina. Hedduminni isaanii, qabsoo walabummaa Oromiyaa gananii argina. Gareen kun bakkee sadiitti qoodamu: Abbaa Duulaa Gammadaa (OPDO); Leencoo Lataa fi Diimaa Nagoo (ODF) fi Daawud Ibsaa, Bultum Biyyoo fi Dhugaasaa Bakakkoo (ABO). Garaagarummaa fi tokkummaa isaanii, sadarkaa kamiti walfakkaatu, sadarkaa kamiti walhinfakkaanee isaan ibsuu yaala.

Haarawooma Goobana Daacee: Abbaa Duulaa Gammadaa



General Abbaa Duulaa Gammadaa

General Abbaa Duulaa Gammadaa dubbataa Mana Marii Impaayera Itoophyaa ti; keettoo TPLF ti. Har'a, haarawoomuun Goobana Daacee fakkii Abbaa Duulaa Gamadaa tiin. Abbaa Duulaa Gammadaa, hojii Goobanni Daacee xumuraan gahuu hanqate xumuraan gahuuf bifa fi tooftaa haarawaan hojjataa jira. Har'a jaaraa 21ffaa keessa maqaa Oromoo moggaafatee saba Oromoo mana hidhaatti guuraa jiru, lafa isaa qilleensaa qilleensa irratti gurguree fi gurgursiisaa jiru, saamee fi saamsisaa jiru, namoota barbaadeef tola kennaa fi kennisiisaa jiru Abbaa Duulaa Gammadaa ti.

Kana duwaa miti. Abbaa Duulaa Gammadaa, nama diina Oromiyaa fi Oromoo Adda Bilisabaasaa Ummata Tigree (ABUT/TPLF) Oromiyaa seensise. Seensisuu duwaa osoo hintaane, Oromiyaa qabsiise, gaaraa fi gammoojjii dirree Oromiyaa keessa deemsisee barsiise. Kaanaaf, kan akka Abbaa Duulaa Gammadaa Malasa fi hoogganoota Tigreef jaalatamaa fi amanamaan hin jiru. Amanamummaa fi jaalatamummaa kanarra kan ka'e, baroota 1991-1996 erreessa bobbaa Humna Ittisa Ummata (chief of operation of National Defense Force) Impaayeraa godhamee muudame. Aangoo kanatti fayyadamee, Abbaa Duulaa Gammadaa diina Oromoo waraana TPLF Oromiyaa keessa bobbaase; guutumaa guututti Oromiyaa qabsiise; ol'aantummaa koloneeffataa Tigiraayii diriirse. Oromoo nama hidhaatti guure. Malasa Zeenaawwi, hoojii isaa kanatti gammaduudhaan, bara 1996 erreessa qaruutee (chief of intelligence) Impaayeraa godhe. Bara 1996-2000 erreessa qaruutee ture. Aangoo haarawa kanatti fayyadamuudhaan, Abbaa Duulaa Gammadaa, Oromiyaa keessatti basaasa ijaaree maatii Oromoo keessa facaase; namni tokko akka nama shanii toohatu godhe; ollaan ollaa akka basaasu godhe. Hidhaa fi ajjeechaa sadarkaa ol'aanatti Oromoo irratti raawwachiise. Hojii isaa kanatti quufee, Malasa Zeenaawwi, bara 1998 meejar jeneraala (major general) godhee ol guddise. Bara 2000-2005 ammoo ministera Humna Ittisa (minister of Defense Force) godhamee muudame.

Dhuma bara 2005, ajaja Malas Zeenaawiitiin OPDO dabarseen Abbaa Duulaa Gammadaa preezidaantii Oromiyaa ta'ee filame. Waggoota 2005-2010 preezidaantii Oromiyaa ture. Oromiyaa keessatti aangoo hallee dhunfata (absolute power) qabaa ture. Aangoo qabu kanatti dhimma bahee, Oromootaa kumaatamaan laakkawaman mana hidhatti guure; biyyaa baqachiise; lafa Oromoo saamsise. Bara 2009, ABO shororkeessaa dha jedhee Wayyaanee wjjiin murtii dabarse. Yeroo preezidaantummaan isaa xumure 2010 ammallee kallattii ajaja Malas Zeenaawiin Abbaa Duulaa Gammadaa dubbataa Mana Marii (speaker of the Parliament) Impaayera Itoophiyaa akka ta'u filame. Bara 2010 irraa jalqabee, haga har'atti, Abbaa Duulaa Gammadaa dubbataa Mana Manarii Impaayera Itoophiyaa ti. Hundi isaaniituu akkuma hammeenna Oromoo irratti hojjataniin, aangoo guddinnaa dabalamaafii deeme. Goobana Daaccee taraarraa hamma "Aggafaari, Dajaazmach, fi Ras" ta'utti guddifame. Akkasuma Abbaa Duulaa Gammadaa taraarraa ka'ee sududasududaan hamma dubbataa Mana Marii Impaayeraa guddifame.

Dhugaan jiru, bara 1991 irraa jalqabee, Abbaa Duulaa Gammadaa, dhaaboota bilisummaa Oromoo, qabsaawota Oromoo fi saba Oromoo kan bilisummaa fi walabummaaf dheebotan irratti duula hidhaa fi ajjeechaa kan walirraa hincinne adeemsisaa jiraatuu isaa ti. Diina isaa kan duraa, ABO godhatee jira. Kanaaf, waadaan Abbaan Duulaa Gammadaa Wayyaaneef seene ABO dhabamsiisuu, ol'aantummaa ummata Tigray Oromiyaa keessa diriirsuu, lammiwwan Tigree lafa Oromoo saamsisuu fi Oromiyaa qaama Impaayera Itoophiyaa godhee tiksuu dha. Kana dhugoomsuuf bara 1991 irraa jalqabee, Abbaa Duulaa Gammadaa, lammiwwan Oromoo maqaa gargaraa itti maxxansaa hiisisaa, makaraarsaa, fi ajjeechisaa ture; haga ammaa illee itti fuufee jira. Yoo lammiwwiin Oromoo yakku, tokkoon miseensa ABO ti jedha; tokkoon ABO deegarta jedha; tokkoon ammoo ilaalcha ABO qabda jedha; tokkoon alaabaan ABO mana keettitti argamee ture dha; tokkoon farra misoomaa jedha; tokkoon hiriyyaan kee kan dhiyoo miseensa ABO qunnama jedhuudhaan hiraarsaa, makaraarsaa, hiisisaa, guraarsaa fi ajjeesisiisaa fi biyyaa baqachiisaa ture; ammallee itti jira. Abbaa Duulaa Gammadaa, keettoo diina Oromoo ti. Kan namuu hubatuu qabu, Wayyaanee/TPLF harkisee fi masakkee Oromiyaa seensisuun Oromoo hidhaa, guraarama, ajjeechaa, salphinaa, qaanii, hiyyummaa, fi saamama kan irraan gahe, Abbaa Duulaa Gammadaa ti.

Gochi Abbaa Duulaa Gammadaa ajaja Wayyaaneen/TPLFn goodhaa jiru kun, saba Oromoo haala hamaa fi hammaataa keessa seensisee jira.

Kana irraa kan ka'e, hara'a akkuma ifatti ragaan kennamaa jiru, Impaayerri Itoophiyaa hidhamtoota Oromootiin guutamanii jiru. "Manni hidhaa Oromoo haasawa" jedhaa jiru ragaan namootni Oromoo hintaaneen kennaa jira. Har'a, miliyoonootaan kan laakkawaman mana hidhaa jiru; miliyoonaan kan laakkawaman ajjeeffamanii jiru; miliyoonootan kan laakkawaman kuun biyyaa baqatee fi baqataa jira; kumaatamootaan kan laakkawaman garabuuteen isaanii hin beekamu; kan guraaramaan qaamni isaanii naaffifaman kumaatamootaan laakkawamu. Diina kana, TPLF, Oromiyaa kan seensisee yakka kana Oromoo irratti raawwachiise Abbaa Duulaa Gammadaa ti. Gocha Abbaa Duulaa Gammadaa kanatti quufuu fi gammaduudhaan Malasa Zeenaawwii, Barakati, Aseeb fi hoogganootni Adda Bilisabaasaa Ummata Tigree (ABUT/TPLF) **"Viva Abbaa Duulaa Gammadaa"** jedhaa jajaa fi leellisaa turan; ammallee leellisaa jiru. Jechi kun jiraadhu Abbaa Duulaa Gammadaa jedhuu ta'a. Lafa Oromoo saamee saamsisuun, Oromoo hidhee hiisisuun, ABO shororkeessaa jedhee irratti duuluudhaan Tigrootaan "Long live Abbaa Duulaa Gammadaa" jedhaamee leellifamaa jira. Walumaa galatti, yakki Abbaa Duulaa Gammadaa fi Goobana Daacceen Oromoo fi Oromiyaa irratti raawwatamee fi raawwachiifame, yakka hiriyyaa hinqabne.

Hooggana WBO Mooraa Hidhaa galche

Akkuma beekamu, Leencoo Lataa fi Diimaa Nagoo qaamaa ol'aanaa ABO turan. Sababa kanaan saddeetamoota keessa, Awroppaa fi Ameerikaa keessa deemaa Tokkummaa barattoota Oromoo dura dhaabatani bilisummaa, walabummaa jedhaa turan. Bara 1991, gaafa hiree agratan bilisummaa fi walabummaa lafa kaayaan harka duwwaa Oromiyaa seenan. Akkuma biyya seenaniin, caasaa ABO farroota bilisummaatiin weerarsan. Osoo hinturin, hiree gara biraa arganaan, itti fayyadamanii WBO mooratti galchan; diina Oromo Wayyaanee irroomsan. Leencoo Lataa fi Diimaa Nagoo, murna rakkinna har'a uumee fi facaasee deemee dha. Dhugaan jiru, WBO irree Oromoo hidhannoo hiikkachiisuun, mooraa hidhatti naquu fi akka diinaan marfamee eeggamu kan hojjii Leencoo Lataa fi Diimaa Nagoo ti. Kana duwwaa miti, ABO fi qabsoo bilisummaa Oromoo laafisuun, diina Oromoo ABUT/TPLF fi Oromoota ergamtootaa fi kittillayyoota TPLF irroomsuu hojii jara kanaa ti. Makmaaskatu, "Yaa arraba, siif kabalame jedhee iyye gurri," jedhe jedhama. Jechuun, arrabni waan hamaa dubbatee girratti rakkinna fida. Akkasuma, har'a kallattiin ajjeechaa fi baqatummaan, hidhaa fi guraaramani fi lafa saamiinsi sababa Leencoo Lataa fi Diimaa

Nagoo WBO hiikkachiisanii, mooraa hidhaa seensisanii diinaan marsiisiisuu fi diina harka galchuu isaanii ti.



Leencoo Lataa fi Diimaa Nagoo

Yeroo ABO bakkee heddutti fafaca'e, ammaa achi ABO deebi'ee hin jabaatu jedhanii ODF kan jedhu dhaabaa tokkummaa Impaayera Itoophiyaa tiksu ijaaratan. Bilisummaa Oromoo nu duruu itti hin amanuu ture jedhan ifatti. Leencoo Lataa Preezidantii ODF yoo ta'u, Diimaa Nagoo ammoo I/A isaa ti. Jechi "Fira Fakkaatee dhadhaan wayaa balleessa" jedhan fakkeenna gocha kanaa ti. Jarra kana, Oromoon ilmaan kiyya, dhiiga kiyya; lammii kiyya, qaama kiyya jedhee ulfinnaa fi kabajjaa kenneefii sadarkaa guddaan isaan gahe. Oromoon jara kana amantaa guddaa irratti horate. Leencoo fi Diimaan garuu, hiree agatanitti fayyadamanii irree fi ittisa Saba isaanii kan ta'e WBO mooraa hidhaa seensisan; saba Oromoo ittisa malee hambisan. Humna fi dhageettii argatanitti fayyadamuun, Oromoo tokkoomsuu, tin'isuu, fi humneessuu irra tokkummaa Oromoo diiguu, siyaasaa dunquqqeessaa lammii keessa facaasuu fi tokkummaa Impaayera Itoophiyaa eegguu fi jabeessuu kaayyoo godhatanii irratti xiyyeeffatan. Dhumarratti, ABO qoqqoodame, dadhabe, miseensi isaa facase jedhanii ODF/ADO jaarmayaa tokkummaa Impaayera Itoophiyaa eeguu fi tiksu ijaaratan.

Akkuma siyaasaan murna kanaa ifa ta'ee jiru, qabsoon ODF qabsoo lammummaa/citizenship Impaayeera Itoophiyaa argachuu ti. Duraan dursa, lammummaa Itoophiyaa argachuu qabna jedhu. Lamummaa Itoophiyaa argachuu dhaan, Itoophiyaa dimokraateessina jedhu; dimokraatawaa Itoophiyaa (Democratic Ethiopia) ijaarra jedhu. Itoophiyaa dimokraatofte keessaan bilisummaan Oromoo argama jedhu. Kun, siyaasaa rogaasaa dabal duwwaa ti (politics of zero sum logic) ti. Seenaa addunyaa keessatti, Impaayerri dimokraatawee hin beekamu; Impaayerri hin dimokraatawu, ni caccaba; ni diigama malee. Bilisummaan saba tokkoo illee Impaayerri caccabee diigamuun alatti hin argamu. Mootummaan

impaayeraa, waraanni, sekuuritiin, Hunmni Poolisaa, biirokraasii fi sirni isaa caccabee diigamuu qaba. ODF dhaaba Impaayera Itoophiyaa tiksuuf bu'uurfame. Namootni akka Leencoo Lataa, Diimaa Nagoo, Leencoo Baatii, Bulaa Atoomsaa, Hasan Husseen, Kadiir Amaan fi kkf murna Impaayerri Itoophiyaa siyaasaa fi aaydiyooloojii Habashaatiin guddifatee ABO dhabamsiisuu fi qabsoo bilisummaa Oromoo laamshesuuf iccitiin ABO keessa facaafatee dha. Dhugaan jiru, kan hubatamuu fi beekkamuu qabu murni kun, murna Habashaan sirna siyaasaa Impaayeraa isaa, Oromoo keessatti gad jabeessee tiksuuf harka lafajalaan ABO keessatti habaqaale (implanted) ta'uu isaa ti.

Hooggana waraana, qabsoo, biyya fi Saba isaa keessaa baqate

Hoogganummaan Daawud Ibsaa, Bultum Biyyoo fi Dhugaasaa Bakakkoo seenaa addunyaa fi kan Oromoo keessattillee hoogana, sabaa fi biyya isaa keessaa baqatummaan beekamuu kan duraa ti. Simbirti afaan baruu gaafa jalqabdu, "Badii!" "Badii!" "Badii!" jecha jedhu barti jedhama. Kanaaf, simbirti waan argite maraa jalaa barartee baduu, dheetuu fi miliquu aadaa godhate. Kanumaan walfakkaataan, Daawud Ibsaa, Bultum Biyyoo fi Dhugaasaa Bakakkoo gaafa hoogganummaa ABO itti kenname, bara 1999, afaan isaanii takka jedhanii akka hoogganatti dursumaan baran, "Baqadhu!" "Baqadhu!" "Baqadhu!" jecha jedhu. Akkuma ifaa ta'ee jiru, jarri kun baqatummaa baran kana, hojiirraa oolchuun mirkaneesanii jiru. Oolanii osoo hin bullee biyyaa gad lakkisanii keessaa baqatan. Akkuma namuu beeku, Daawud Ibsaa Asmaraa, Bultum Biyyoo Awustraliyaa, Dhugaasaa Bakakkoo Ugaandaa, Abbaa Caalaa Lataa Amerikaa Kaaabaa jiraatu. Haalli kun, seenaa qabsoo bilisummaa kamiyyuu keessatti ta'ee hinbeekamu, kun kan duraa ti.



Dawud Ibsaa



Bultum Biyyoo



Dhugaasaa Bakakkoo

Garuu, Hoogganni baqataan kun, Alaabaa ABO uffatee, mallattoo ABO qoma irratti maxxanfatee, baarmeexaa ABO mataarra kaayatee, dhaadannoo bilisummaa dhaadataa, xalayaa maqaa ABOtiin barreessaa fi afaaniin tokkummaa faarssaa hojiidhaan garuu, ABO, qabsoo bilisummaa Oromoo fi tokkummaa qabsaawootaa dhabamsiisaa jira. Alaabaa ABO uffatuun fi afaaniin tokkummaa jechuun, fuuloo/mask hoogganni kun ittiin of haguugaa jiru. Gochi hooggana kanaa garuu, faallaa tokkummaa ti; faallaa waan qabsaawootnii fi ummatni Oromoo hawwu fi amanuu ti. Hawwiin Sabaa fi sab-boonoota Oromoo, hooggana tokkummaa ijaaru; hooggana jagna biyya keessatti lolee, Saba gurmeessee lolchiisu, hooggana amanamaa fi fuuloo malee/unmasked qabaatuu barbaada. Garuu, rakkinni qabsoo bilisummaa Oromoo hooggana akkanaa qabaatuu dhabuu isaa ti.

Dhugaan har'a lafa jiru, akkuma M. Guutuu barruu moggaasii/mata-duree "Qabsoon Bilisummaa Oromoo sadarkaa kan irra jira" jedhu keessatti ibse, Hayyuu Dureen Daawud Ibsaa, I/A Bultum Biyyoo fi I/A Dhugaasaa Bakakkoo baqatummaa keessa jiru. Kun, dhugaa ijaan argaa jiruu dha. Ammallee dhugaan jiru, hoogganootni kun qabsoo, WBO, biyaa fi saba isaanii keessaaa baqatan. Akuma makmaaksi, **Humni Naachaa bishaan** jedhu; humni dhaaba tokkollee Saba isaa ti. Jechuun, Naachi bishaan keessatti humna qaba jedhuu dha. Bishaantu isa gargaara jechuu dha; bishaanii ala humna hinqabu. Akkasumas, humni hooggana tokkoo illee sabaa fi biyya isaa ti. Hoogganni, waraana, sabaa fi biyya isaa keessaa baqate humna hin qabaatu. Hoogganni sabaa fi biyya isaa keessaa baqatu, tokkummaa dhaaboota bilisummaa illee, tokummaa qabsawootaa illee ni baqata. Dhugaa kun, har'a hoogganummaa Daawud Ibsaa, Bultum Biyyoo fi Dhugaasaa Bakakkoo tiin ifa ta'ee mul'ata. Hoogganni baqataan, dhaaba laamshessa, qabsoo dadhabiisa, miseensa diiga fi tokkummaa gaaga'a. Haalli kun, har'a warraaqsa qabsoo bilisummaa Oromoo kessatti ifa ta'ee jira.

Dhugaan jalaa miliquu hindanda'anne, hoogganummaan Daawud Ibsaa fi Bultum Biyyoo, gaafa hoogganummaa ABO dhuunfate irraa eegalee sannaayira fakkeenna saphuuphaa sharariitii (network in the like of web of spider) kan ittiin jiraatuu ijaarate diriirsee jira. Sannaayiraa diriirfame kanan, balleessaa balleessaan qajeelchaa, soba sobaan woyyeessaa yakka addaan hincinne, hurrii siyaasaa

kaayyoo qabsoo bilisummaa Oromoo walfaalleessuu (diimokraatessuu Impaayera Itoophiyhaa) miseensoota keessa facaase. Kana wajjiin, miseensoota aalbee lamaan nyaatu (kan akka Bayaan Asoobaa, Leencoo Baatii, Bulaa Atoomsaa, Haasan Hussein kkf) sadarkaa hoogganummaa ABO ti ol guddise; bakkee furtuu qabsoo qabsiise. Akkuma beekamu, Bayaan Asoobaa nama 1970moota keessa WBO ganee Dargittii harka kennatee basaasaa fi dabballee isaa ta'ee ture; Haasan Hussein fi Leencoo Baatii dabballee fi basaastuu Dargii turan; Bulaa Atoomsaa miseensaa fi dabballee OPDO ture. Kana duwaa miti, Leencoo Lataa fi Diimaa Nagoo gorsaa Daawud Ibsaa fi Bultum Biyyoo turan. Har'a, hundi isaaniituu qondaaloota ODF ti. Haalli siyaasaa walfaalleessuu kun, ABO keessatti hoogganootaa jiddutti, miseensoota jiddutti, miseensootaa fi hoogganoota jiddutti walmorii, walshakii, garaagarummaa fi walddhabbi uume. Dhumarratti, qoodama fide. Hubatamuu kan Oromoo irra jiru, Haasan Hussein, Bayaan Asoobaa, Bulaa Atoomsaa fi Leencoo Baatii bara 2001 kallattiin ABO bakka lamatti (Qaama Ceehumsa ABO fi Shanee Gumii ABO) qoodan; bara 2008 Shanee bakka lamatti (ShG fi Jijjiiramatti) qoodan; bara 2014 Jijjiirama bakka afuritti (Gurmuu Qabsaawootaa, Koree Yeroo, ABO-KG fi ODF) qoodan. Har'a hundi isaaniituu ODF ijaaratanii sanyi duguuggaa faashistii Mootummaa Impaayera waliin hojjachuuf mariirraa jiru.

Tokkumaa fi garaagarummaa taatoota siyaasaa Oromoo

Duraan dursa, tokkummaa fi garaagarummaa Abbaa Duulaa Gammadaa, Goobana Daacce fi Qadiidaa Wonaabee ilaaluun barbaachisaa dha. Seenaa fi hojjiin isaanii akka raga bahutti, sadiinuu koloneeffataa diina Oromoo, Oromiyaa seensisan. Kanaaf, sadiinuu tokkummaa qabu. Goobani Daaccee Menelik fi waraana isaa fidee guutuu Oromiyaa Habashaa jala galche. Oromoo miliyoona shan ol ficisiise; dubartii harma mursiise; dhiira harka mursiise. Oromoo lafa dhabsiise. Lafa Oromoo kan Nafxanyaa godhe; Oromoo lafa isaa irrattii fi biyyaa isaa keessatti gabbaarii ta'e. Hojii isaa kanatti gammaduun gaafa Goobani du'e Siidaa isaarratti akkana jedhani barreessan:

**KaShawaa iska Suudaan yaa qannaawuu arbanyaa;
Goobanaa Abbaa Xigguu kazii aarfoo tenyaa.**

Shawaa irraa haga Suudaanitti kan koloneeffachiise jaalataan biyyaa; Goobanni Abbaa Xigguu asitti haragal fatee rafee jiraa. Asirratti, Xigguu maqaa farda Goobana Daaccee ti.

Qadiidaa Wonaabee Abishee Garbaa qabsiise; Tekle Haymanot akka Horroo Guduruu qabatu godhe; Oromoota ficisiise.

Abbaa Duulaa Gammadaa Malasaa fi waraana isaa TPLF Oromiyaa koloneeffachiise. Diina Oromoo TPLF gargaaree Oromiyaa mana hidhaa godhe; lammiwwan Oromoo guraarsiise; Oromoo ajjeesisiise; lafa Oromoo saamee fi saamsise. Dhaloota haarawa, abdi Oromoo tan boruu ajjeesisiise; dargagoota Oromoo kan walabummaa biyyaa fi bilisummaa saba isaaniitii falmatan ajjeesisiise. Ijoollee ajjeesisiise, maqaa hatuu, samtuu fi kashalaabee/vagabond jedhu itti maxxanse. Akuma Meniliki fi mootummaan isaa Goobana Daaccee faarsan, Malasa Zeenaawii fi mootummaan isaa illee Abbaa Duulaa Gammadaa akkummaa duraan himame **"Viva Abbaa Duulaa Gammadaa"** jedhanii leellisaa fi faarsaa jiru. Akkuma biyya keessatti goote, biyyaa ambaa keessatti illee godhi jedhamee, har'a Abbaan Duulaa Gammadaa Ameerikaa, Kanaadaa fi Saudi Arabiyaa keessa bobbaafamee jira.

Tokkummaa fi Garaagarummaa Abbaa Duulaa Gammadaa, Leencoo Lataa fi Diimaa Nagoo

Sadiinuu fagoo addaan hin jiran. Sadiinuu impaayera Itoophiyaa tiksuu fi Oromiyaa qaama Itoophiyaa gochuu irratti tokkummaa qabu. Garaagarummaan issaanii Leencoo Lataa fi Diimaa Nagoo irree, abdi fi ittisa Saba Oromoo WBO mooraa seensisanii akka diinaan eegamu godhan. Tokkummaa Oromoo diigan, ni facaasan. Dhumarratti, humna Oromoo dadhabsiisan. Abbaa Duulaa Gammadaa, haala Leencoo Lataa fi Diimaa Nagoo anjeesan kanatti dhimma bahe. Oromoo makaraarse, hisise, guraarsisiise, ajjeesisiisisiise, biyyaarraa baqachise, lafa Oromoo saamee fi saamsise. Abbaa Duulaa Gammadaa dhiiga Oromootu harka isaa irra jira. Gabaabamatti, gaafa Abbaa Duulaa Gammadaa Wayyaanee Oromiyaa qabsiisee fi Leencoo Lataa fi Diimaa Nagoo WBO mooraa galchan irraa jalqabee saaminsii, hidhaan, guraaramni, ajjeechaa fi lafarraa baqqisuun Wayyaaneen Oromoo irratti raawwatamee fi raawwatamaa jiru seenaa Impaayera Itoophiyaa keessatti hiriyyaa hin qabu. Tokko diina fidee Oromiyaa qabsise; tokko ammoo WBO, ittisa Oromiyaa mooraa hidhaa galche.

Xumura :

Xumurarratti, wanti heddu jedhame. Waan jedhame keessaa maaltu fudhatamaa fi maaltu hin fudhatamuun kan abba dubbisuu ti. Kan hubatamuu qabu, ergaan barruu kanaa kaleessaaas ta'ee, har'aas,

rakkinni Oromoo, Oromoo ta'uu isaa ti. Diina kan masakkee Oromiyaa seensise, lammiwwan Oromoo ti; kan Oromoo ajjeesisiisee fi ajjeesisiisaa jiru, lammiwwaan Oromoo ti; kan qabeenna Oromoo saamee fi saamsisaa jiru, lammiwwan Oromoo ti; kan afaaniin tokkummaa faarsu, kan hojjiin ammoo tokkummaa qabsaawoota Oromoo akka hin milikkoofne danqaraa ta'an Oromoo keessa jiru. Kan lammii fi biyya isaa ganee diinaa irree, humna fi abdi ta'an lammiwwan Oromoo ti. Kan biyya isaa saamee saamsisu lammiwwan Oromoo ti. Kan "Diaspora" irraa fiigee Oromiyaa deemee diina wajjiin lafa Oromoo saamuu lammiwwan Oromoo ti. Kun hunduu, diina Oromoo ti; rimma sabaa fi qabsoo keessaa ti. Qabsoo kan laamshese murna kana. Walumaa galatti, diina keessatu diina alaati irree ta'ee Oromoo fi Oromiyaa dhabasiisaa jira. Ergaan guddaan barruu kanaa, diinni keessaa jiraatu malee diinni alaa nama mooyatuu hin danda'u kan jedhu. Eegaa, diina alaa ofirraa dhaabuun dura diina keessa kan diina alaatiif irree, irkoo fi karaa ta'e kana dhabamsiisuun murteessaa ta'a. Diina keessaa ammatanii diina alaa ni mooyadha jechun of sobuu ta'a.

An akka nama bilisummaa Oromoo fi tokkummaa qabsaawota Oromoo hawwu tokkotti, miseensota ABO dhaabmsa kana dabarsuu fidha. Baatii kudhan dura, Qaama Cehumsaa fi Shaneen tokko ta'uu isaanii labsamee ture, jechuun ABO tokko ta'uu isaatu himame. Kun, Saba Oromoo biyya keesaa fi biyya ala jirullee gamachiisee ture; gammachuu guddaadhaanis simatame. Haata'u malee, tokkummaan labsame sun jijjiiraa sabni Oromoo fedhuu fi hawwu tokkollee qabsoo Oromoof hin fidne. Ammallee boodarratti, Koree Yeroo (KY) waliin tokkumne jedhamee labsame. Kuniis, jijjiirama wayyiituu hin mul'ifne. Kan garabiraa ammoo, Gurmuu Qabsaawootaa (GQ) fi ULFO tokkummaa keessaa alatti hambifaman. Kun rakkinni jiraatuu isaa ifa godhe. Asirratti, dhugaan har'a namuu argaa jiru kana: Daawud Ibsaa, Bultum Biyyoo fi Dhugaasaa Bakakkoo tapha dabal duwaa (zero sum game) taphataa jiru malee, dhaaboota bilisummaa Oromoo kan kaayyoo walfakkaataa tokko waliin qabani fi qabsaawota walitti dabaludhaan ABO jabeessaanii qabsoo bilisummaa finiinsuu fi Oromiyaa bilisoomsuu irraa fedha hin qaban. Kun hubatamuu qaba.

Kanaaf miseensootani ABO, yoo saba keessan sanyii duguuggaarraa hambisuu feetan; yoo Oromiyaa qircamaa fi dhabama irraa oolchuu kan barbaaddan taatan; yoo ABO fi waraana isaa WBO diigama itti aggaamatamee jiru irraa hambisuu fedha qataatan; yoo WBO tin'isuu, humneessuu, jabeessuu, qabsoo bilisummaa finiinsuu fi Oromiyaa walaboosuu dhugaan itti amantan taatan, hoogganummaa

ABO irraa Daawud Ibsaa, Bultum Biyyoo fi Dhugaasaa Bakakkoo kaasuun murteessaa fi barbaachisaa dha. Murni kun, murna qabsoo bilisummaa fi tokkoomuu dhaabootaa bilisummaa Oromootti sakaalaa hamaa ta'ee jiru. Murna tokkummaa fi bilisummaa Oromoo caalaa of jaalatu; ofittooo dha. Hoogganni kun, hooggana qabsoo malee, maqaa qabsoo fi hoogganummaa ABO duwwaa qabatee taa'aa ture, taa'aa jiruu fi ofduraas qabatee taa'uu fedha qabuu dha. Gonkuma hoogganummaan isaanii itti fufuu hin qabu. Isaan kana, hooggana qabsaawaa fi warraaqaa kaayyoo qabsoo Oromoo calaqisuun, qabsoo bilisummaa finiinsuu fi tokkummaa qabsaawota Oromoo ijaaruu, eeguu fi tiksuun bakka buusuun murteessaa fi waan filamata gara biraa hin qabnee dha. Dhugaan jiru, tokkummaan qabsaawotaa Oromoo murteessaa walabummaa Oromiyaa ti. Kun hubatamuu qaba.

Tokummaan Humna!